Oromo | Afaan Oromoo

# Koree Marii Hawaasaa keenyaa Gamoowwan Elgin, Carlton tti makamaa.

Warroota irra deebiin misoomsuu Gamoowwan Elgin, Carlton ta'uun Koree Marii Hawaasaa ijaaraa jirra. Koreen kun Manneen Viktooriyaaf karaa armaan gadii gorsa kenna:

- Mul'ata misooma gara fuula duraa iddoo sanaa hundeessuuf gargaaruu
- Sagalee kireeffataa jajjabeessuu fi guddisuu irratti xiyyeeffachuun tumsa
- Manneen Viktooriyaa adeemsa irra deebiin misoomsuutiin kireeffattootaa fi hawaasa naannoo waliin akka wal qunnaman gargaaruu
- Walitti dhufeenya hawaasaa fi tumsa pirojektoota hawaasaa bakka sanatti, fi hawaasa naannoo bal'aa keessatti deeggaruuf guddisuu akkasumas
- Taateewwanii fi hojiiwwan hirmaannaa hawaasaa hunda hammatee fi dhaqqabamaa ta'uu isaanii mirkaneessuuf karoora taateewwanii fi marii hawaasaa irratti gorsa kennuu.

Hanga danda'ametti, Manneen Viktooriyaa marsaa karooraa fi dizaayinii pirojektichaa irratti giddugalummaa koree kanaa ni barbaada

Hirmannaan miseensota koree irraa barbaadamu kanneen akka:

- Waggaa tokko keessatti yeroo 8 (saddeet) walgahuu
- Yeroon turtii walgahii tokkoo hanga sa'aatii 2 ta'a
- Waggaa 1f miseensummaa eeguu

Hirmaattonni hawaasaa walgahii tokkoof kaardiin ni kennamaaf.

Yoo fedhii qaama koree gorsaa hawaasa Gamoowwan Elgin, Carlton ta'uuf fedhii qabaattan, maaloo unkaa fedhii ibsu linkii kana irraa argattu www.homes.vic.gov.au/carlton-elgin-towers.

Kireeffattoonni mana jireenyaa mootummaas, Ibsa Fedhii guutuuf gargaarsa argachuuf waajjira mana jireenyaa naannoo isaanii qunnamuu ni danda'u.

Guyyaan xumura iyyannoo Jimaata 12 Adoolessa 2024.

Interpreter

Beeksisa hiikamee argachuuf maaloo iimeelii enquiries@homes.vic.gov.au irratti nuuf barreessaa